MakaaTalaallii Pneumococcal (PCV13)

Maal beekuu ss barbaachisa

Many Vaccine information Statements are available in Spanish and other languages. See www.immunize.org/vis
Hojas de información sobre vacunas están disponibles en español y en muchos otros idiomas. Visite www.immunize.org/vis

1 Maaliif talaalamnaa?

Talaalliin daa'immanii fi ga'eessota **Dhukkuba pneumococcal** irraa ni eega.

Dhukkubni pneumococcal baakteeriyaadhaan kan dhufu yemmuu ta'u, namaa irraa gara namaatti tuxxuqaadhaan walitti dhiheenyaatiin daddarba. Innis dhukkubbii gurraatiif madda yoo ta'ufi akkasumasas dhukkubbii cimaa kan biraatiif illeen nama qaqabsisuu danda'a:

- Dhukkuba Sombaa (pneumonia),
- Dhiigaa (bacteremia), fi
- Haguuggii sammuu fi lafee dugdaa (manjalloo).

Pneumococcal dhibeen sonbaa ga'eessota hedduu biratti barameedha. Pneumococcal manjalloonis dhageettii dhabuu fi manca'uu sammuutiif madda ta'uu fi ijoollee qabamaniin10 keessaa 1 kan ajjeesuudha.

Namni kamiyyuu dhukkuba Pneumococcal tiin qabamudanda'a, garuu daa'imman waggaa 2 gadii fi ga'eessota waggaa 65 fi isaa olii, namoota rakkina fayyaa muraasa qabanii, fi warren tamboo xuuxan rakkina fayyaa cimaaf ni saaxilamu.

Ameerikaan kan argatan, osoo talaalliin hinargaminiin dura ture:

- Sababiiwwan manjalloo 700 ol,
- Faalama dhiigaa gara 13,000 ta'u,
- Faalama gurraa gara miiliyoona 5 ta'uu, fi
- Du'aatii gara 200 ta'u

Daa'imman waggaa 5 gadii keessatti bara baraan dua'a sababii dhukkuba pneumococcaltiin. Erga talaalliin argamee as, dhukkubni hamaan pneumococcal daa'imman kanneen jidduutti %88 n gadi bu'ee jira.

Ameerikaa keessatti waggaa waggaadhaan sababii dhukkuba pneumococcaltiin ga'eessota gara 18,000 ta'antu du'a.

Yaaliin dhukkuba pneumococcal peensiliinii fi qorichoota birootiin haala ta'u qabuun hinmilkoofne, sababbiin isaa kutaan dhukkubichaa muraasni qorichotaan waan walbareef waan ta'eef. Kunis dhukkubicha qorichaan talaalliin kennamuun ittisuun baay'ee barbaachisaa ta'u agarsiise.

2 Talaallii PCV13

Talaalliin makaa pneumococcal (PCV13 jedhamu) gosoota baakteeriyaa pneumococcal 13 irraa ni ittisa.

PCV13 yeroo umurii ji'oota 2, 4, 6, fi 12–15 walduraa duubaan daa'immaniif kennama. Akkasumas daa'immanii fi ga'eessota umurii isaanii waggaa 2 hanga 64 rakkina fayyyaa muraasa qabanii, fi ga'eessota waggaa 65 fi isaa ol ta'an hundaaf ni gorfama. Doktorri keessan ibsa gadi fagoo isiniif kennuu danda'u.

3 Namoonni muraasni talaallii kana argachu hin qaban

Namni danyoo hamma sababii talaallii Kanaatiin dhukkuba lubbuu miidhu qabaachuu danda'u n qabame kamiyyuu, talaallii pneumococcal duraan PCV7 jedhamu, ykn talaallii daayiteeriyaa toxoid (fakkeenyaaf, DTaP) PCV13 fudhachu hin qabaatu.

Namni sababii makaa PCV13 kamitiif danyoo cimaa ummate kamiyyuu talaallii hin fudhatu. *Yoo namni talaallame kamiyyuu dhukkubbii danyoo hamaadhanaf saaxilameDoktora keetti himi*.

Yoo namni talaallidhaaf sagantaa qabate fayyummaan kan isatti hindhagahamne ta'e, dhiheessan kunuunsa fayyaa keessan talaalicha guyyaa biraatti akka kennamuuf sagantaan qabamuuf murteessuu ni danda'a.

4 Rakkina talaalliin dhufan

Qoricha kamiyyuu waliin, qorcha talaalliin kennamu dabalatee, carraan miidhaa qabaachu ni jiraata. Yeroo hedduu salphaa fi ofiisaan deemuu kan danda'u yoo ta'u, garuu dhiibbaa cimaan illeeni mudachu ni danda'a.

Rakkinoonni PCV13 irratti gabaafamanis haaluma umurii fi baayina qorichaatiin ni jijjiirama. Rakkinoon yeroo hedduu ijoollee irratti gabaafamanis:

- Erga lilmoo fudhatsn booddee walakkaa kan ta'an ni fajajuu, yeroodhaaf fedha nyaataa ni dhabuu, ykn iddoo qorichi kennameen ni diimata ykn dhukkubbii qabaata.
- Bakka lilmoo warraanataniin hanga 3 keessaa 1 kan

U.S. Department of Health and Human Services
Centers for Disease Control and Prevention

ta'u ni dhiita'u.
- 3 keessaa 1 ho'a qaamaa salphaa, fi 20 keessaa 1 gubaa 102.2°F ol qabaatu.
- 10 keessaa 8 ni fajajuu ykn ni hadoodu.

Ga'eessonni ammo dhukkubbii, diimachuu, fi iddoo qorichi kennameen sanatti dhiita'uu; fi akkasumas ho'a qaamaa salphaa, dadhabbii, dhukkubbii mataa, qorraa ykn dhukkubbii maashaa akka qaban gabasu.

Ijoolleen dargaggoonni yeroo tokkotti PCV13 fi talaallii qofaa wal duuka fudhatanis rakkina adanyoo ho'a qaamaatiin umamu saaxilamu danda'u. Odeeffannoo dabalataatiif Doktora keessan gaafadhaa.

Talaallii kamiyyuu booddee rakkinooleen mudachu danda'a:

- Namoonni yeroo tokko tokko erga yaalamanii, taaallii erga fudhatiin booda dabalatee booddee of wallaaluu. Daqiiqaawwan 15f taa'uun ykn ciisuun boqachuun kufaatii of walaaluu fi kufaatiidhaan dhufu danda'u hambisuuf ni gargaara. Yoo donqoqqoon sitti dhagahamee, ykn agartuu keetti jijiramin ykn gurra keessaan irratti kan iyyi sinitti dhagahamu yoo ta'e Doktora keetti himi.
- Daa'imman guguddatan muraasni fi ga'eessonni gateettiirratti dhukkubbii hamaa fi hirree qorichi ittiin kennameef sana sochosuuf rakkachu danda'u. Kunis darbee darbee muul'ata.
- Qorichi kamiyyuu miidhaa adanyoo hamaa qaqqabsiisuu danda'a. Rakkinoon akkasii kunis baay'ee muraasa, baayina dozii qorichoota miiliyoona keessaa hanga 1tti kan tilmaamamuu, fi erga talaallii fudhatameen booddee daqiiqawwan muraasaa fi sa'aatiiwwan muraasa booddee kan muudatudha.

Akkuma talaallii biroo,carraan qorichi talaalliin kennamu miidhaa hamaa ykn du'a qaqqabsiisu isaani baay'ee xiqaadha.

Nageenyammaan Qulqullummaan qorichoota talaalliin kennamanii to'atamaa jira. Odeeffannoo dabalataatiif, do'adhaa: **www.cdc.gov/vaccinesafety**/

5 Dhiibaan cimaa ta'e yoo mudate hoo?

Maalan barbaau qaba?

- Dhimma isin ilaallatu kamiyyuu, fakkeenyaaf mallattoolee adanyoo cimaa, ho'a cimaa, ykn jijjiirama amalaa hin baramne hubadhaa.

  Mallattoolee adanyoo cimoonis kan dabalatu, qaama irratti waa bahuu, dhiita'uufuulaa fi qoonqoo, rakkina hargansuu, dhawannaa onnee sardamaa fi dadhabbiidha.

Maal godhuun qabaa?

- Yoo adanyoo miidhaa hamaa kan qaqqabsiisu ta'ejettee yaadde ykn muddama atatamaa eeguun hindanda'amne ta'e, 9-1-1 irratti bilbilaa ykn nama sana gara Hospitaala dhihootti geessaa. Kana yoo ta'uu baate garuu, doktora keessaniif bilbili.

  Kana booddee,haallichi Sirna Gabaasa Miidhaa Talaalliif (VAERS) kan gabaafamu ta'a. Doktarri/ Ogeessi fayyaa keessan gabaasa kana ni galmeessa, ykn ofii keessaniif marsaritii VAERS irratti hojjechuu ni dandeessu **www.vaers.hhs.gov**, ykn **1-800-822-7967** bilbiluudhaan.

VAERS tajaajila gorsa yaalaa hinkennu.

6 Sagantaa Beenyaa MiidhaaTalaallii Biyyoolessaa

Sagantaan Beenyaa MiidhaaTalaallii Biyyoolessaa (VICP) sagantaa Federaalawaa miidhaa talaalliwwaniin dhufaniif beenyaa kan kennuudhaaf hundeeffameedha.

Namni miidhaan qoricha talaaniin kenamanin dhufuu isaaitti amanun waa'ee sagantaa kanaa fi haala beenyaan itti guutamu barachuf karaa **1-800-338-2382** irratti bilbiluu ykn marsaritii VICP **www.hrsa.gov/ vaccinecompensation** do'achuu danda'u. Beenyaa gaafachuudhaaf daangaan yeroo ni jira.

7 Akkamittan waa hedduu barachuu danda'aa?

- Dhiheessa Tajaajila kunuunsa fayyaa keessan gaafadhaa. Inni ykn isheen golga talaalliin seenu isiinif kenna/kennitii ykn madda odeeffannoo biro kallattii isiniitti himu danda'u.
- Qajeelcha fayyaa ganda ykn bulchiinsa keessaniif bilbilaa.
- Giddu gala To'annaa fi Ittisa Dhukkubaa (CDC):qunnamaa
  - **1-800-232-4636** (**1-800-CDC-INFO**) bilbilaa ykn
  - marsaritii CDC **www.cdc.gov/vaccines** do'adhaa.

Akka hayyama eegumsa fayyaa Kennuufi, haala gabaas Talali sirritti, qoranno talalitifi, saganta gaha tahe, Talale fuul duraatif gabaasni ni ergama eegumsa gaime fooyyessu Michiganifi, Namoonni dhunfaa, akk gaafatan dhaabbat gargaars fayyaa isaaniif kennu, akka gaabaas talale full duraa akk galmeet hin ergin Mirga qaban.

DCH-0955O
AUTH: P. H. S., Act 42, Sect. 2126.

Vaccine Information Statement
PCV13 Vaccine - Oromo

11/05/2015

Office Use Only

42 U.S.C. § 300aa-26

Translation provided by Minnesota Department of Health